

Ibsa gabaabaa qorannoo COVID-19 saffisaa: iHealth

Bakki qorannoo COVID-19 hatattamaa mana keessaa kennan eessa?

Hawaasa keessan fayyaatti eeguufi tatamsa'ina COVID-19 hirrisuuf, Muummeen Fayyaa Minnesota (MDH) qorannoo COVID-19 saffisaa jiraattota Minnesotaatiff bakkamurtaawaa tokkotti kennuudhaaf eejensoota fayyaa naannoo, geggeessito fayyaa gosaa, qopheessitoota nyaataafi dhaabbilee uummata bu'uureffatan waliin hariiroo ummee jira.

Waanti keessummaan iHealth qorannoo saffisaa keessa jiru maalidha?

Waanti keessummaan iHealth qorannoo saffisaa keessa jiru vaayiresiin COVID-19 fidu adda baasuuf kan gargaarudha. Yoo mallattoo qabaattan, qorannichi COVID-19 qabaachuufi dhabuu keessan saffisaan adda isiniif baasa. Bakka kamittiyuu qorannoo jiidha funyaan keessaa taasistanii daqiqaa 15 keessatti bu'aa qorannoo keessanii argachuu dandeessu.

Qorannoo iHealth yoom gargaaramuutu narra jira.

Mana keessan keessatti namoota wagga 2 fi isaa oliirratti qorannoo iHealth gargaaramuu dandeessu. Muummeen Fayyaa Minnesota sababa armaan gadiitiif akka qorataman jajjabeessa:

- Mallattoo COVID-19 yoo qabaattan;
- Yoo nama COVID-19n qabame waliin walitti dhufeentya qabaattan;
- Yoo nama COVID-19n qabametti saaxilamtaniittu ta'e;
- Bakka namooti itti hedduummatan deemuu dura.

Yoo qoratamtanii garuu mallattoohin qabdan ta'e, maaloo qajeelfama iHealth ilaala, ykn Qajeelfama Addaan of Baasuu MDH ilaala [Close Contacts and Quarantine \(www.health.state.mn.us/diseases/coronavirus/close.html\)](http://www.health.state.mn.us/diseases/coronavirus/close.html).

Meeshaalee qorannoo san akkamiiinan fayyadama?

Maaloo qajeelfama guutuu kuusaa meeshaa qorannoo kana keessatti argamu hordofaa. Qorannichi akkamitti akka adeemsifamu ilaaluuf, suursagalee kana daawwadhaa: [How to use the iHealth COVID-19 Antigen Rapid Test \(https://youtu.be/qBt_H4Gc-rU\)](https://youtu.be/qBt_H4Gc-rU).

Yoo ani mallattoo qabaadhee garuu yerroon qorannoo iHealth n ilaalamu ammoo kan hin qabne(negatiiva) ta'ehoo?

Yoodhuma bu'aan qorannoo saffisaa negatiiva ta'eyyuu, namni mallattoo qabu tokko qorannoo COVID-19 PCR fudhachuu qaba akkasumas hanga mallattoon sun sa'atii 24 keessatti badutti hojiisa idileetti deebi'uu hin qabu. Filannoo qorannoo PCR [Minnesota COVID-19 Response \(mn.gov/covid19/\)](http://mn.gov/covid19/). Irraa argadhaa Waayee mallattoolee keessanii yoo gaaffii qabaattan dooktara ykn dhiheessaa kunuunsa fayyaa keessan quunnamaa.

Yoo bu'aan qorannookoo iHealth pozatiiva ta'ehoo?

Yoo bu'aan qorannoo keessanii pozatiiva ta'e mana turaa, namootarraa fagaadhaa. Yoo mallattoo qabaattan, doktoora ykn kennitoota kunuunsa fayyaa quunnamaa. Qajeelfama fayyaa hawaasaa asirra jiru hordofaa [If You Are Sick or Test Positive \(www.health.state.mn.us/diseases/coronavirus/sick.html\)](http://www.health.state.mn.us/diseases/coronavirus/sick.html).

Yoon gaaffii qabaadhe maalin godha?

Maaloo Muum mee Fayyaa Minnesota sarara bilbilaa uummataa irratti bilbilaa 1-833-431-2053, Wiixataa hanga Jimaataatti ganama sa'a 9 hanga galgal keessaa sa'a 7tti akkasumas sanbata duraa ganama sa'a 10 hanga galgala sa'a 6tti banaadha.